# سُورَةُ الزُّمَرِ
# Suuraa Zumar

قبل كل شئ هذه سورة الزمر

*Dura dursoo suuran tun {suuratuzz-umar}je'amti .

وهي سورة مكية الا الآية ٥٢- ٥٣- ٥٤ – فهي مكية

*Isiin suuraa makkaati aayata 52,53 54 malee sun ta madiina'aati.

وآياتها ٧٥

* Aayaanni is'ii torbaatamii shani 75

وعددها ٣٩

*Lakkooysi isi'ii soddomii sagali 39

نزلت بعد سورة سبأ

*Jsiin eega suuraa saba'ii buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

* Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbiitii

تَنزِيلُ ٱلْكِتَٰبِ

*Qur'aana buusun ,

مِنَ ٱللَّهِ

*Rabbirraayi nama birarraayi mitii ,

ٱلْعَزِيزِ

*Rabbii yookaa waaqa, waa hunda in-jifatu ,

ٱلْحَكِيمِ ﴿١﴾

1}*Kan hikmaa qabu, kan wanni inni da-lagu akka malee hin taane.

إِنَّآ أَنزَلْنَآ إِلَيْكَ ٱلْكِتَٰبَ بِٱلْحَقِّ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, nuti qur'aana haqaan sirratti buufnee

فَٱعْبُدِ ٱللَّهَ

*Rabbii tokkicha ibaadi, .

مُخْلِصًا لَّهُ ٱلدِّينَ ﴿٢﴾

2} *Diin kee isaaf qulqulleessii, kan waan daleydu isaa jettee dalaydu kan waan dhiiftu isaa jettee dhiiftu.

أَلَا لِلَّهِ ٱلدِّينُ ٱلْخَالِصُ

*Dhagayaa:diin qulqulluun kan rabbiiti diin inni itti ajaje,sun rabbii tokkicha ma-lee, waan biraa gabbaruu dhabuu.diin rab-biin tokkichaa lamaa mitii, sadiyii mitii hin yaanne, diin waaqatii miti ,

وَٱلَّذِينَ ٱتَّخَذُوا۟ مِن دُونِهِۦٓ أَوْلِيَآءَ

*Warri rabbii achitti sanam yookaa nama

rabbi godhatee ibaaduu , hoggaa eenyutu isin uume , eenyutu abbootii teessan uume, eenyutu dachiii sarnii, waan isin jiraattaniin , isinii uume jeaniin waaqa guddaa, waa dhagaaafii , nama nuti Rabbi jenn ee ibaannu , yookaa gabbaru kanaa mitii je`an .

مَا نَعۡبُدُهُمۡ
*Duuba hoggaa maaIi faaydan isin rabbi dhiiftanii, waan kana gabbartaniif 'jeaniin wanni jean wanni sanama taabota waIi-yyii godhannee gabbarruuf, waan biraa-tifii , mitii , waan biraatii hin ibaannu

إِلَّا لِيُقَرِّبُونَآ إِلَى ٱللَّهِ زُلۡفَىٰٓ
*Haa gara Rabbii nu dhiyeessaniifi haa guyyaa qiyaamaaa Rabbi biratti nu shafa-aniiifi jean akka Rabbiin shafaa`aa sana-maa hin qeeballe hin beekkanii . duuba Rabbiin akki je`e

إِنَّ ٱللَّهَ يَحۡكُمُ بَيۡنَهُمۡ
*Rabbii guyyaa boruu kuffaarafii warra haqaa jidduutti firdii godha .

فِي مَا هُمۡ فِيهِ يَخۡتَلِفُونَۗ
*Waan isaan irratti wal dhaban keessatti warra isatti amane jannata seensisee, wa-rra isatti kafare ibidda seensisee .

إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهۡدِي مَنۡ هُوَ كَٰذِبٞ
*Rabbiin nama kijibaa,Rabbiin iImoo qaba jeu, karaa haqaa hin qajeelchu.

كَفَّارٞ ٣
3} *Nama kufrii keessa wasanaa baye , kan Rabbii isa uume dhiisee, waan biraa gabbaru.haqa hin agarsiisu inni nama beekha'aa jallatee .

لَّوۡ أَرَادَ ٱللَّهُ أَن يَتَّخِذَ وَلَدٗا
*Rabbiin odoo ilmoo godhatuu fedhee, akka isaan, Rabbiin ilmoo qaba je`anii kijibanitti .

لَّٱصۡطَفَىٰ مِمَّا يَخۡلُقُ مَا يَشَآءُۚ
*Silaa waan uumerraa, waan ifii fedhe maraxatee yookaa filatee, ilmoo godhata waan isaan isaa filanii iIma Rabbiiti jeaniinii mitii , nabi {Iisaa } bakka na-mni dhaIateen dhalate kan nasaaran ormi kiristiyaanaa ilma Rabbiiti jettuun takkaa { uzeyrii } amata dhibba Rabbiin ajjeesee ,kaase , kan yahuudan iI-ma Rabbiiti jettuunii mitii,waan biraati waan babbareedaa,ifii uumee qab-urraa, fiIatee ,iImoo godhataa. waan isaan isaaf filanii mitii . haa tayuu Ra-bbiin waan uumerraa, ifii filatee ,ilmoo godhatuu hin feene , namni biraa waan inni uumerraa iIma isaa filuu hin feene. Tanaaf jecha Rabbiin akki jee.

سُبۡحَٰنَهُۥۖ
*Rabbiin iImoo godhatu'urraa qulqullu'uu , ilmoo qabaatun waan isaan hin malle

maalif iImoo qabaatun jaartii qabaatuutti haajamti jaartii fuudhanii,cinqii isiii .baatanii.wajji bulu'utti haaja'aatu nama keessa . ilmoo booda,hoggaa dulloomne nu gargaartu haa nuu dhaltuuuf itti haajamanuu,waan biraatii itti haajamanuu kun hundinuu waan irurnrnaa mul'isuu Rabbiin kan waan takkatti hin h aajamnee mee akkamiin ilmoo qabaata

هُوَ ٱللَّهُ ٱلْوَٰحِدُ *Rabbiin takkicha kan waa takka keessa-

tti fakkaataa hin qabne odoo ilmoo qabaatee .Rabbi in tokkichaa ,waa takka isan fakkaattun,inni wa takka hin fakkaatun,ni hafa.waan i1moon abbaa fakkaattuf. duuba Rabbiin fakkaataa qabaatun fafa irurnrnaa .

ٱلْقَهَّارُ ﴿٤﴾ 4} *Rabbiin tokkicha waa hunda injifatu.

خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ بِٱلْحَقِّ *Rabbiin haqaan sarniiifii dachii torban uume.

يُكَوِّرُ ٱلَّيْلَ عَلَى ٱلنَّهَارِ *Rabbiin halkan guyyaa keessa seensisa halkan gabaabsee.hanga,gaafin saa`aa khudhan qofa godhutti .biyya gariitti guyyaa dheeressee, hanga gaafin saa' aa khudha afur godhutti .

وَيُكَوِّرُ ٱلنَّهَارَ عَلَى ٱلَّيْلِ *Rabbiin kan guyyaa halkan keessa seensisu , waan guyyaarraa irate halkanitti ida' ee , dheeressee .

وَسَخَّرَ ٱلشَّمْسَ وَٱلْقَمَرَ *Rabbiin kan adu'uufii , jia ,Iaaffisee, akka itti fayyadaman godhe .

كُلٌّ يَجْرِي *Adu'uufii.jiini, faaga isaanii keessa kararraa isaanii kan Rabbiin irra kaaye keessa deeman irraan maqanii

لِأَجَلٍ مُّسَمًّى *Hanga yaroo beekkamtu'utti beekkamtu'utti tan Rabbiin hangasitti deemaa je' ee maqaa isaanif dhaye. Sun guyyaa qiyaarnaaatii . gaafa guyyaan qiyaarna'aa gaye.aduuufii.jiini, ni dhaabbatan dalagaan isaanii dhumtee . waan warri isaan uurnarnaniif addunya' arraa aakhira' atti godaanef jecha .

أَلَا *Dhagayaa , ilaali ilaali .

هُوَ ٱلْعَزِيزُ *Kan waan dubbanne dalage , Rabbii tokkicha, jabaa nama isatti balleesse, qixaaxu.

ٱلْغَفَّٰرُ ﴿٥﴾ 5} *Kan nama isatti amaneef araaramu.

خَلَقَكُم مِّن نَّفۡسٖ وَٰحِدَةٖ

*Rabbiin dandeytii isaatin ,lubbuu takkarraa isin uume , sun {aadamii } .

ثُمَّ جَعَلَ مِنۡهَا زَوۡجَهَا

*Eegasii nabsee takkitti sanirraa aadamirraa jaartii isaa isaaf uume . akka namni wal fakkaatu'uufii.wal horuun argamuuf jecha hawwaa aadamirraa uume. isaa rafu, cinaacha isaa, kabita'arraa, fuudhee , uumef. kan hoggaa hirribaa ka'u, dhalaa guutuu if duratti argee , fuudhee , ilmaan irraa hore

وَأَنزَلَ لَكُم مِّنَ ٱلۡأَنۡعَٰمِ ثَمَٰنِيَةَ أَزۡوَٰجٖ

*Rabbiin beylada arra, gosa saddeet isinii argamsiisee jira, yookaa buusee jira beyladaa buusun, waan Rabbiin samiii buusun jiraatti jechu' . maalifRabbiin rooba sarniii buusen, waa magarsee , waan magarse san horiin nyaataa,sun akkuma waan beyladaa sarniii buuseti takkaa beyladaan sarniii bu'uun : buiinsuma waan samiii bueen jiraatti jechu'uu mitii , maalifwanni odeeffame Rabbiin beyladaa jannata keessatti uumee,aadamtu, ifiin wajji jannata buuse . akkuma sibiila ifiin wajji buuse .kanarratti deem nee wanni aadam jannataa ifiin wajji buuse .Jiedduuu .sanirra:{ uud } aarfatan , { ulee } muusaaa muka { aas } jeaniin { baala tiin } jeamu, { hajarulaswad } ,khaatima suleymaan beyladaa , sibiila . gosti beyladaaa saddeettan Rabbiin nuu buuse, gaala, loon, reee , hoolaa, afranirraayuu dhalaaa dhiira walii galli saddeeti

يَخۡلُقُكُمۡ فِي بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ

*Rabbiin garaa haadhaa teessanii keessatti, isin uuma

خَلۡقٗا مِّنۢ بَعۡدِ خَلۡقٖ

*Uumaa uumaa boodan dura garaa haadha teessanii keessatti, bishaan dhiirafii.dhalaarraa bayu, turtan . eegasii dhiiga ititaa taatan , ommoo eegasii foon taatan.eegasii suuraa namaa guutuu taatanii jiraattan .yookaa teessan .

فِي ظُلُمَٰتٖ ثَلَٰثٖ

*Dukkana sadii keessa jiraattan dukkanti sadeen takka dukkana garaaati , takka dukkana gadaamaysaati , takka dukkana hobbaati' iiti

ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمۡ

*Kan waan dubbanne san hunda uume .Rabbii keessani . waaqa abbootii teessaniit.

لَهُ ٱلۡمُلۡكُۖ

*Mootummaan tan isaatii ,

لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَۖ

*Isa malee Rabbiin biraa kan ibaadaa haqa godhatu hin jiruu,

فَأَنَّىٰ تُصۡرَفُونَ ٦

6}*Mee akkamitti , isa ibaaduu dhiiftanii , nama biraa ibaaduutti gortan ? akkamitti isa qofa gabbaruurraa dhoowwamtan

| | |
|---|---|
| *Waa takka beekhaa hundi keessan yoo kafartan waaqa waa takka godhuu hin dandeessan . | إِن تَكۡفُرُواْ |
| * Rabbiin isiniifii,ibaadaa teessanirraa dureessaa . | فَإِنَّ ٱللَّهَ غَنِيٌّ عَنكُمۡۖ |
| *Rabbiin gabroottan isaatif kufrii hin | وَلَا يَرۡضَىٰ لِعِبَادِهِ ٱلۡكُفۡرَۖ |

jaalatu. odoo kufriin namni kafaru fedhii Rabbiitin tayelleee haa tayuu hin jaalatu . maalif? jaalalaafii , fidhiin adda wahayyuu, fedhii Rabbii tin taati. hamtuu taatuu toltuu taatuu , haa tayuu yoo hamtu taate , ni fe dhe malee, ittin ajaju , hin jaalatu , yoo toltuu taate ni fedhaa itti ajajaa , ni jaalata . Bakka tana waa afurtu jira :

1 : Rabbiin , hogiin waan fedhe , kan itti ajaju qaba . sun iimaana warra amaneetii .

2 : Hogiin waan hin fedhin kan ittin ajajin qaba sun kufrii warra amaneetii.

3 : Hogiiin waan itti ajaje , kan fedhin qaba . sun iimaana , warra kafareetii .

4: Hogiin waan fedhe , kan ittin ajajin qaba . sun kufrii warra kafareetii gaaf tokko , nama haqaa tokkoofii , mu "tazi laa tokko , j iddu' utti ,moromaan argamte , mutaziltichi kheyrii Rabbiitu fedhee, sharrii , innin feene, jea, ammoo inni warra haqaa, kahyriiifii, sharrillee Rabbumaatu fedhe, wanni takkalleen, fidhii Rabbii maleen taatu je 'a.isa haqaa kan aan { sunnicha } je`an ammoo isa kaanin mutazillicha jean duuba mu' tazilaan kun , sunnicha dubbii barbaadu'uu jecha : Rabbiin waan hamtuu fedhuurraa qulqulIaaye je'e jennaan sunnichi :Rabbiin waan inni fedhe malee,waa takkalleen toltuu taatuu hamtuu taatuu mootummaa isaa keessatti arg amu 'urraa qulqullaaye je`e . jennaan mutazilichi : Rabbiin keenya sharrii ni fedhaa jee jennaan sunnichi silaa dirqiiin kan inni hin fedhin mootummaa isaa keessatti argamtii jee.jennaan mutazilichi Rabbiin yoo qajeelloo { iimaan } na dhowwatee kufrii natti mure , naaf tolemmoo natti roorrise ,je "e , jennaan sunnichi akki :Rab biin, waaqni , yoo waan kee si dhoowwate ,sitti roorrise . ammoo yoo waan isaa si dhoowwate namni waan ifii akka fedhe godhuu qaba . je`e,akkasitti mutazilichi afaanii qabamee waan dubbatu wallaale . tanaaf jecha wahayuu fidhii Rabbiitin taati jechaa yaanna .

| | |
|---|---|
| * Ammoo yoo Rabbitti amantanii galata isaaf galchitan Rabbiin isinirraa jaalata galata yookaa sawaaba isinii kenna. | وَإِن تَشۡكُرُواْ يَرۡضَهُ لَكُمۡۗ |
| *Hin baattu . | وَلَا تَزِرُ |
| *Lubbuun dilooyte takkalleen | وَازِرَةٞ |

وِزۡرَ أُخۡرَىٰۗ *Dilii lubbuun biraa dalayde , namni tokko qixaaxa kufrii nama biraa hin ba`atu ammoo namni wahitti nama qajeelche dilii ni qabaan je'an: dilii qajeelchu'uuti malee, dilii waan namni biraa dalageetii miti, ammo wahitti nama qajeelchun dalagaa isaati malee dalagaa nama biraatii miti. Ammoo lubbuun diliin qabne lubbuu dilooyterraa dilii ni ba'atti, yoo lubbuun dilooyte ,sun islaama taate .makgnaan kanaa: yoo rabbiin nabiyyii fa'aaf,nama dilaaye tokko,shafa'uu iznii godhe, namichi sun faaydaa shafaa'aa sanii ni argata. jechu .

ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُم مَّرۡجِعُكُمۡ *Isin yaa gabroottan kiyya, guyyaa qiyaama'aa gara rabbii keessaniiti deebitan

فَيُنَبِّئُكُم بِمَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَۚ *Duuba waan isin dalaydan hunda, isiniif odeessa . irraa isin gaafatu'uu jecha

إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ٧ 7} *Rabbiin waan qalbii namaa keessa jiru, kan takkaa namni hin dubbatin , beekhaa

۞ وَإِذَا مَسَّ ٱلۡإِنسَٰنَ ضُرّٞ *Nama kaafiraa tokko, balaan,yookaa dararaan yoo tuyxe, isa tuyxuu nama isaa horii isaa tuyxuu,

دَعَا رَبَّهُۥ *Yaa rabbi, narraa deemsisi je'eeti rabbi isaa khadhata,

مُنِيبًا إِلَيۡهِ *Gara rabbii deebi'ee, waan rabbi achitti gabbaruu ture dhiisee.sanamajinnii, muka ,nama, dhagaa, duraan gabbaru , ture dhiisee, waan isiin balaa isarraa deebisuu hin dandeenyef,

ثُمَّ إِذَا خَوَّلَهُۥ نِعۡمَةً مِّنۡهُ *Duuba hoggaa rabbiin balaa san irraa deemsisee, eegasii nikgmaa kenneef,

نَسِيَ مَا كَانَ يَدۡعُوٓاْ إِلَيۡهِ مِن قَبۡلُ *Darara isatti argamte, tan isiii jee rabbi yaammate, ni iraanfata, yookaa rabbii odoo balaa irraa deemsisee, qananii isaan kennin yaammatu, eega dararaa irraa deemsisee, nikgmaa isaaf kennee, irraanfateeti, waan duraan rabbi achitti gabbaruu ture san itti deebi'ee gabbaree.

وَجَعَلَ لِلَّهِ أَندَادٗا *Waan san rabbitti qixxeessee, yookaa qindeessee, ibaada ,yookaa gabbara.

لِّيُضِلَّ عَن سَبِيلِهِۦۚ *Karaa diin islaamarraa maqu'uuf waan islaamni, rabbii tokkicha malee waa takka isaan wajji hin ibaadinaa je'uuf, heera islaamaa jallisu'uuf yookaa jalaa bayu'uuf

san dalaga ,

قُلْ تَمَتَّعْ بِكُفْرِكَ قَلِيلًا

*Wanni nama saniin jettu, kufrii teetin, hanga umrii teetirraa sii hafe, qanani'i, addunya'arratti ,

إِنَّكَ مِنْ أَصْحَابِ النَّارِ ﴿٨﴾

8} * Ati , aakhira'atti warra ibiddaatii ji'iin , ammas akkijettuun .

أَمَّنْ هُوَ قَانِتٌ

*Si namni ibaada'aan dhaabbatuu

آنَاءَ اللَّيْلِ

*Waytii halkanii hunda

سَاجِدًا وَقَائِمًا

*Kan dhaabbatee,sujuudee, salaatu

يَحْذَرُ الْآخِرَةَ

*Kan azaaba aakhira'aa sodaatu,

وَيَرْجُو رَحْمَةَ رَبِّهِ

*Kan jannata rabbii isaa khajeelu namni haalli isaa akkanaa akka nama waan san hin daleyneetii? akka nama rabbitti kafareetii? mu'minaafii kuffaarri, rabbi biratti wal qixaa? wal qixaa miti jechu' .

قُلْ هَلْ يَسْتَوِي

*Wanni jettu: warri waan rabbiin ergamaa isaa, muhammadirratti buuse, beekhu, kan wanni inni dhufeen marti haqaa beekhufii,

الَّذِينَ يَعْلَمُونَ وَالَّذِينَ لَا يَعْلَمُونَ

*Warri waan san hin beyne wal qixaa ? beekkomsaafii walaalli,beekha'aafii, walaallan, wal qixaaje'iin wal qixaa miti jechu'u.

إِنَّمَا يَتَذَكَّرُ أُولُو الْأَلْبَابِ ﴿٩﴾

9}*Inumaa namni gorfamu, warra aylii, yookaa lubbuu qabu.

قُلْ يَا عِبَادِ الَّذِينَ آمَنُوا

*Wanni ummata keetin jettu: Rabbiin akki isiniin jeu yaa gabroottan kiyya yaa warra natti amane .

اتَّقُوا رَبَّكُمْ

*Rabbii keessan sodaatuu itti fufaa . azaaba isaa sodaadhaa sodaa Rabbi jabeessaa dubbii isaa akkaan dhagayuuun dalagaa akkaan tolchuuun

لِلَّذِينَ أَحْسَنُوا فِي هَٰذِهِ الدُّنْيَا حَسَنَةٌ
*Warra isinirraa addunyaa tanarratti dalagaa tolchee ibaadaa Rabbii dalageef jennataatu aakhiraatti jira. yoo biyya takkatti ibaadaa Rabbii tolchitanii dalaguu dadhabdan , bakka biraa laalaadhaa dhaqaa .

وَأَرْضُ اللَّهِ وَاسِعَةٌ
*Dachiin Rabbii baloodhaa deemaadhaa bakka diin keessan itti jabeessuu dandeessanitti,hijraa bayaa,zamana nabii Muhammed bakka nabi jirutti godaanun dirqama. am moo eega isa anitii biyya islaamarraa hin godaanan obsaniiti islaama qabatan keessa ttuu yoo biyyarraa godaanun biyyo onse.

إِنَّمَا يُوَفَّى الصَّابِرُونَ
*Inumaa warri ibaada'aafii .bala'arratti obsee, diliirraa obse .

أَجْرَهُمْ بِغَيْرِ حِسَابٍ ﴿١٠﴾
**10}** *Galata isaanii Iikkeessu'uun male'etti saffarriiin male' etti miizaanan maIe'etti kannaman .

قُلْ إِنِّي أُمِرْتُ
*Wanni jettu : an wannin itti ajajame

أَنْ أَعْبُدَ اللَّهَ
*Rabbi ibaaduu, waan inni jeu dhagayuu.

مُخْلِصًا لَهُ الدِّينَ ﴿١١﴾
11}*Diin kiyyaa isaaf qulqulleessee kanin waanin dalagu fuula isaatii je`ee dalagu kanin waa takka isatti hin qixxeessine . yookaa hin qindeessine .

وَأُمِرْتُ لِأَنْ أَكُونَ أَوَّلَ الْمُسْلِمِينَ ﴿١٢﴾
12}*Ammallee nama, umrnata kanarraa, dura ursoo amane yookaa islaamaye tayu'uttin ajajame, jiiin .

قُلْ إِنِّي أَخَافُ إِنْ عَصَيْتُ رَبِّي عَذَابَ يَوْمٍ عَظِيمٍ ﴿١٣﴾
**13}***Ammas akki jettu an yoon Rabbii kiyyatti dilaaye ,azaabni guyyaa gudda`aa na tuquun sodaadha jeiin.

قُلِ اللَّهَ أَعْبُدُ مُخْلِصًا لَهُ دِينِي ﴿١٤﴾
14}*Akki jettu an Rabbin ibaada. Diin Kiyya waan rabbiin tayin ibaadu`urraa qulqulleessetan rabbi khiyya ibaadaa .

فَاعْبُدُوا مَا شِئْتُمْ مِنْ دُونِهِ
*Isin waan feetan , Rabbii achitti gabbaraa eega karaajallinaa beekaaa filattanii

قُلْ إِنَّ الْخَاسِرِينَ
*Ammas akki jettuun: warri khasaaraa guutuu khasaarame , kan badii hanbaan qabne bade.

ٱلَّذِينَ خَسِرُوٓاْ أَنفُسَهُمۡ *Isaan warra kafaree, jannata dhabee , lubbuu,ifii dhabe jannatarraa hangessee

وَأَهۡلِيهِمۡ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۗ *Ammallee warra nama isaanii dhabe guyyaa qiyaamaaa maalif nama jannata seenu hundaafuu Rabbiin aalii godhee jiraa namni ibidda seene nama san hunda dhaba . takkaa namni kafare lubbuu isaa galaafate ,warra isallee galaafate, khasaare yoo kafaranii wajji azaaba seenan .ammoo yoo amananii jannata seenan.isaan dhabee khasaarame jechu .

أَلَا ذَٰلِكَ هُوَ ٱلۡخُسۡرَانُ ٱلۡمُبِينُ ١٥ 15} * Dhagayaa khasaaran hamtuun, mul'attuun ,daangaan qabne, khasaaraa jara kanaati waan zalaalamii ibidda keessa taaaniif

لَهُم مِّن فَوۡقِهِمۡ ظُلَلٞ مِّنَ ٱلنَّارِ *Isaan gombisaa ibiddaatu isaan gubbaa jira

وَمِن تَحۡتِهِمۡ ظُلَلٞۚ *Isaan jalas gombisaa ibiddaatu jira gombisaa tayuun , nama isaan jaalatif. Ammoo isaanii afaadha maalif ibiddi azaabaa mana, jabaa gubbaaati qaba, kan kanaa gombisaaa, kaanii afa`aa manni ibiddaa, akkuma, walirraa jalaatin walirra hama.

ذَٰلِكَ يُخَوِّفُ ٱللَّهُ بِهِۦ عِبَادَهُۥۚ *Ibidda san Rabbiin gabroota isaa warra isatti amaneen sodaachisa , akka irraa tiyfamaniif.

يَٰعِبَادِ فَٱتَّقُونِ ١٦ **16}** *Yaa gabroottan kiyya, na sodadhaa waan azaabatti isin geessu

وَٱلَّذِينَ ٱجۡتَنَبُواْ ٱلطَّٰغُوتَ أَن يَعۡبُدُوهَا *Warri sanama ibaadu'urraa fagaatee

وَأَنَابُوٓاْ إِلَى ٱللَّهِ *Gara Rabbii isaanii gara galan,

لَهُمُ ٱلۡبُشۡرَىٰۚ *Waan isaan gamrnachiisutu, isaanif jira addunyaaafii aakhriatti .

فَبَشِّرۡ عِبَادِ ١٧ 17} *Gabroottan kiyya warra tole gammachiisi

ٱلَّذِينَ يَسۡتَمِعُونَ ٱلۡقَوۡلَ *Isaan warra waan je'amu dhaggeeffatee waan dhagayan sanirraa,

فَيَتَّبِعُونَ أَحۡسَنَهُۥٓۚ *Kan irra gaari'ii qabatanii itti dalagan isaan warra waan dhagaye,gad qabee laalee, hama'aafii, gaarii, adda baree gaarii fudhatee, hama dhiisu, isaan warra hadiisafii, qur'aana dhagayanii , itti dalagan, irra caalan jechaa qur'aana rabbiitii irra gaarin qajeello'oo qajeelloo nabi Muhammad

| | |
|---|---|
| *Warri waan dhagayerraa waan adduny-a'aafii aakhiraa , isaanii tolchu, qabatee, waan kaan dhiisu, | أُوْلَٰٓئِكَ |
| *Isaan warra rabbiin qajeelche | ٱلَّذِينَ هَدَىٰهُمُ ٱللَّهُۖ |
| *Isaan jecha gaari'iifii hamaa adda bee-khan, kan gaarii qabatanii, hamtuu dhii-san sun, | وَأُوْلَٰٓئِكَ |
| 18}*Isaanii warri aylii qabu kan lubbuu qabu. | هُمۡ أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ ١٨ |
| *Si namajechi azaabaa itti murame, kan | أَفَمَنۡ حَقَّ عَلَيۡهِ كَلِمَةُ ٱلۡعَذَابِ |
| 19}*Ati nama san ibidda keessaa baasuu | أَفَأَنتَ تُنقِذُ مَن فِي ٱلنَّارِ ١٩ |

dandeessa?hin dandeessu jechu'uu, akkana jechuun nama jail ina, ibidda isa geessu keessa jiru, qajeelchitee akka nagaya bayu, godhuu hin dandee-ssu jechu' .

| | |
|---|---|
| * Ammoo warri rabbi sodaatee waan inni je'u dhagayee dalagu, isaan warra ibiddaa jalaa nagaya bayee, jannata seenuu. | لَٰكِنِ ٱلَّذِينَ ٱتَّقَوۡاْ رَبَّهُمۡ |
| *Isaan mana mana gubba'arratti jaarame qaban, fooqii dhedheertuu faayan jaaran | لَهُمۡ غُرَفٞ مِّن فَوۡقِهَا غُرَفٞ مَّبۡنِيَّةٞ |
| *Kan manneen sun hunda jala, laggeen yaa'u. | تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُۖ |
| *Sun waan rabbiin mu'minaaf baallama seenee dhufuun ooluu,argatuun oolan. | وَعۡدَ ٱللَّهِۖ |
| **20}***Rabiin waan baallama seene hin dii-guu, ni guutaa | لَا يُخۡلِفُ ٱللَّهُ ٱلۡمِيعَادَ ٢٠ |
| *Si hin beynee. hin garree? | أَلَمۡ تَرَ |
| * Akka rabbiin bishaan sami'ii buusee, | أَنَّ ٱللَّهَ أَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ مَآءٗ |
| *Bakka irra bayu, yookaa maddu see-nsise. | فَسَلَكَهُۥ يَنَٰبِيعَ |
| *Dachii keessa kaaye. kan achirraa lago-oti'iifii, ijji baatu. yookaa burqitu | فِي ٱلۡأَرۡضِ |
| *Kan eega bishaan san buusee midhaanin magarsu | ثُمَّ يُخۡرِجُ بِهِۦ زَرۡعٗا |
| *Bishaanuma tokkicha saniin,mayra bifti isaa adda addaa, bareeda, | مُّخۡتَلِفًا أَلۡوَٰنُهُۥ |

ثُمَّ يَهِيجُ
*Kan eega sanii,meyri sun goggogu,

فَتَرَىٰهُ مُصْفَرًّا
*Kan isaa gara galee, daalachoomu gartu. eeguma guraacha yookaa magariinsa tayuu turee,

ثُمَّ يَجْعَلُهُۥ حُطَٰمًا
*Kan eega sanii caccabsee hoshoshommeysu. yookaa hurreysu, haalli addunya'aa haala mayra kanati fakkaata , daftee dhabamuu keessatti, wanni rabbiin kana dubbateef, gabroota isaa akka addunyaadhan hin daganne godhu'uufi , rabbi in azaabanan,isaan guute, je'ee. Warra dhiyana ibiddaa tayurraa lakkaawee dabarse.

إِنَّ فِى ذَٰلِكَ
*Waan dubbanne, dabarsine , san keessa

لَذِكْرَىٰ
*Gorsaatu, yaadachiisatu jira .

لِأُو۟لِى ٱلْأَلْبَٰبِ ﴿٢١﴾
21}*Warra aylii qabuuf ,isaan waan saniin tokkummaa Rabiitifii,dandeytii isaa ,beekkan, sanumaan haalli namaatis akkasii, beekkan .

أَفَمَن شَرَحَ ٱللَّهُ صَدْرَهُۥ لِلْإِسْلَٰمِ
*Si namni Rabbiin,qoma isaa bane bal'isee.islaarnni seenee,keessa qubatee qajeele.

فَهُوَ عَلَىٰ نُورٍ مِّن رَّبِّهِۦ
*Kan ifaa Rabbii beekkomsa isarra jiru namni akkanaa kun , akka nama Rabbiin qoma isaa cufee iimaanni karna seenun dhabee , inni dukkana kufriii keessa jiruutii ? akka tokkoo miti jechu'.

فَوَيْلٌ لِّلْقَٰسِيَةِ قُلُوبُهُم مِّن ذِكْرِ ٱللَّهِ
*Warra qalbiin isaanii zikrii Rabbirraa goggoydeef, laga azaabatu jira. Warra quraana qeebaluu dideef, azaabatujira.

أُو۟لَٰٓئِكَ فِى ضَلَٰلٍ مُّبِينٍ ﴿٢٢﴾
22}*lsaan jallina rnulataa keessajiran.

ٱللَّهُ نَزَّلَ أَحْسَنَ ٱلْحَدِيثِ
*Rabbiin irra caalaa,irra gaarii , irra bareedaa, dubbiiiti buuse .

كِتَٰبًا
*Qur'aana,wanni dubbii namarraa , isatti qixxaayu hin jirre .

مُّتَشَٰبِهًا
*Kan gariin isaa , garii fakkaatu bareeduma jechaatifii,ma 'naadhattillee

مَّثَانِيَ

*Kan dubbiin gorsaa , tan heeraa , yookaa halaalii , haraamii isa keessatti daddeefamtee dubbatamte kan naman hiffifne,

نَقۡشَعِرُّ مِنۡهُ

*Kan hoggaa inni azaaba dubbate , suukannaayu , yookaa sodaa keessa rifatu . yookaa hollatu .

جُلُودُ ٱلَّذِينَ يَخۡشَوۡنَ رَبَّهُمۡ

*Qaamni warra Rabbi sodaatuu, goggaan isaanii , walitti butamu .

ثُمَّ تَلِينُ جُلُودُهُمۡ وَقُلُوبُهُمۡ إِلَىٰ ذِكۡرِ ٱللَّهِۚ

*Eegasii hoggaa waan rabbiin mu`minaaf qopheesse qara 'an, qalbiin isaanii gad teessi.qalbiin isaanii zikrii Rabbitti qajeelti .Sodaan hoggaa,aayata azaabaa qara'an itti dhuftee ,qaamni isaanii walitti butamee,goggoge hoggaa aayata Rahgmataa qaraan ,irraa deemteti , gammadanii qaamni isaanii hiikkatee laafa.

ذَٰلِكَ هُدَى ٱللَّهِ

*Qur'aanni sun kun qajeelloo Rabbiiti waan inni namaan qajeelchu ..

يَهۡدِي بِهِۦ مَن يَشَآءُۚ

*Nama fedhe Rabbiin Quraanan qajeelcha nama qajeelchuuufii , jallisulleen harka Rabbiitijirtii .

وَمَن يُضۡلِلِ ٱللَّهُ

*Nama Rabbiin jallise.

فَمَا لَهُۥ مِنۡ هَادٍ ٢٣

23} *Namni Rabbii achitti , isa qajeelchu hinjiru .

أَفَمَن يَتَّقِي بِوَجۡهِهِۦ سُوٓءَ ٱلۡعَذَابِ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِۚ

*Si namni guyyaa qiyaarnaaa, fuula isaatin , ibidda hamaa, ifirraa dhowwu'uuf, tattaafatu, hoggaa harki isaa mormatti ol hidhamee , ibiddatti darbamu, bakka har-kaan ibidda ifirraa qabu. Fuulan ifirraa qabu, namni kun akka nama ibiddarraa nagaya bayee, jannata seenetii? Akka tokkoo miti.

وَقِيلَ لِلظَّٰلِمِينَ

*Wanni kuffaara ummata kanaatin, hoggaa isaan ibidda seenan je'amu ,

ذُوقُواْ مَا كُنتُمۡ تَكۡسِبُونَ ٢٤

24}*jazaa waan addunya'arratti dalaguu turtanii, dhandhamaa, gubadhaa jechu'

كَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ

*Ummanni , kuffaara .nabi Muhammad kijibsiise dura dabre, ergamoota isaanii kijibsiisanii jiran, hoggaa ergamoonni isaanii, azaabatu isinitti bu'aa, amanaa je'een, azaabni nutti bu'u hin jiru je'anii dhugo'oomsuu didanii .

| | |
|---|---|
| *Duuba azaabni isaanitti dhufe. | فَأَتَىٰهُمُ ٱلۡعَذَابُ |
| 25}*Gama isaan,irraa nutti dhufaa hin eeginiin , takkaayuu hin herreginiin . | مِنۡ حَيۡثُ لَا يَشۡعُرُونَ ٢٥ |
| *Duuba rabbiin azaabafii xiqqeenya isaan dhandhamsiise, | فَأَذَاقَهُمُ ٱللَّهُ ٱلۡخِزۡيَ |
| * Addunya'arratti boojiyamu'uufii .ajjeef-amu'uufii, uumaa isaanii jirjiiru'uun | فِي ٱلۡحَيَوٰةِ ٱلدُّنۡيَاۖ |
| *Ammoo azaabaa aakhira'atti, isaanii qo-phaayetu kan addunya'arratti,isaan tuqe kanarra akkaan gudda'a . | وَلَعَذَابُ ٱلۡأٓخِرَةِ أَكۡبَرُۚ |
| 26}*Silaa odoo akkas beekhanii, ergam-oota rabbii, kijibsiisanii hin kafaran | لَوۡ كَانُواْ يَعۡلَمُونَ ٢٦ |
| *Dhugumaan qur'aana kana keessatti , fa-kkeessaa hundarraa,walitti qabnee nama-af ibsine.fakkeessaa dubbii dubbanne dubbii nama ibsine . | وَلَقَدۡ ضَرَبۡنَا لِلنَّاسِ فِي هَٰذَا ٱلۡقُرۡءَانِ مِن كُلِّ مَثَلٖ |
| 27} * Akka gorfamaniif takkaa yaadata-niif akka walJaalan kufrii keessa hin bu-unef | لَّعَلَّهُمۡ يَتَذَكَّرُونَ ٢٧ |
| *Qur'aana afaan arabaa, kan isaan bee-khaniin buufne. | قُرۡءَانًا عَرَبِيًّا |
| *Kan dubbiin isaa namatti wal hin fak-kaanne, kan dubbii isaa wal hin diiyne, | غَيۡرَ ذِي عِوَجٖ |
| 28}*Akka waan qur'aanni je' u beekhanii kufrii sodaataniif, jecha. | لَّعَلَّهُمۡ يَتَّقُونَ ٢٨ |
| *Rabiin nama rabbitti waa qindeessufii | ضَرَبَ ٱللَّهُ مَثَلٗا |

nama tokkummaa rabbii yaaduf, fakkee-ssaa godhee jira. makgnaan kanaa: maymaaka kana, yookaa fakkii tana ummata keetif dubbadhu. Haa ama-nanii. fakkiin hunoo tana ,

| | |
|---|---|
| *Gabricha tokko kan namni hedduun wajji qabu yookaa waliin qabu. | رَّجُلٗا فِيهِ شُرَكَآءُ |
| * Jarri walitti qabu sun, warm haala | مُتَشَٰكِسُونَ |
| *Gabricha namni tokkicha qofti qabu | وَرَجُلٗا سَلَمٗا لِّرَجُلٍ |
| *Fakkeessa'aafjarri lamaan wal qixaa? | هَلۡ يَسۡتَوِيَانِ مَثَلًاۚ |

gabrichi nama hedduu, haala hammaatu khaddamuufii , kan nama tokko qofa khaddamu wal qixaa ? wal qixaa miti kan nama hedduu khaddamu ,yoo namni khaddamu hedduun sun, waytii takka keessatti , waan adda addatti isa ajajan ni dhamaa. kun fakkeessaa nama Rabbii tokkicha dhiisee Rabbii hedduu ibaaduti ammoo gabrichi nama tokko qofa khaddamu fakkeessaa nama Rabbii tokkicha qofa ibaaduti , jarri laan wal qixaa miti

ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِۚ — *Faarun 13 Rabbii , yookaa{ waaqa} tokkichaati.

بَلۡ أَكۡثَرُهُمۡ لَا يَعۡلَمُونَ ٢٩ — 29}*Haatayuu irra hedduuun kuffaaraa ,azaaba itti achi deeman,hin beekhanii tanaaf Rabbitti waa qixxeessanii Rabbii hedduu gabbaran .

إِنَّكَ مَيِّتٞ — * Ati yaa ergamaa kiyya Muhammad ni duutaa.

وَإِنَّهُم مَّيِّتُونَ ٣٠ — 30}*Isaanii ni duan , wanni aayanni tun buutef , kuffaaratu Muhammad maan dune irraa hara baafannaa je'e

ثُمَّ إِنَّكُمۡ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ — *Eega duutanii isin hundi guyyaa qiyaama`aa

عِندَ رَبِّكُمۡ تَخۡتَصِمُونَ ٣١ — **31}** *Rabbii keessan duratti waan wal gootan wal himattan .

۞ فَمَنۡ أَظۡلَمُ مِمَّن كَذَبَ عَلَى ٱللَّهِ — *Nama kijiba Rabbirra khaayerra mee

eenyuma, namni cubbuu, yookaa dilii takkaa, balleessaa dalage? Namni isarra dilii dalage hin j iru jechu'. khijiba Rabbirra kaayun: Rabbiin fakkaataa qaba,hiriyaa, ilmoo qaba, jechu'. sun waan inni hin qabne irra kaayuu je'amaa,

وَكَذَّبَ بِٱلصِّدۡقِ إِذۡ جَآءَهُۥٓۚ — * Ammallee eenyu namni nama dhugaa

kijibsiise kan hoggaa dhugaan itti dhufte qeebaluu didee, deebiserra cubbuu yookaa dilii dalage? namni isarra dilii dalage hin jiru jechu'. Dhug aan inni kijibsiise, aayata Rabbiiti, qur'aana isaa, nama qur'aanni ir ratti bu'e kijibsiise, inni nabi muhammadii nageenyi isarratti haa jiraatuu, na mni kijiba Rabbirra kaaye, kan waan Rabbiin hin ma!le je'ee, qur'aanafii nabi Muhammad khijibsiise, irra hamaa nama dilii dalageetii inni kaafira je'amaa, warra ibiddaati. hammaatu. kan tokkoon isaanii namaan wal hin taane .

| | |
|---|---|
| أَلَيْسَ فِي جَهَنَّمَ مَثْوًى لِّلْكَـٰفِرِينَ ﴿٣٢﴾ | 32} *Si warra ibiddaa, kan Rabbitti kafareef jahannam keessa ,bakkeen kuffaarri qubatu hin jirtuu? ni jirti jechu'u |
| وَٱلَّذِى جَآءَ بِٱلصِّدْقِ | *Inni dhuga'aan, qur'aanan dhufe. sun nabi muhammadii nageenyi isarratti haa jiraatuu. |
| وَصَدَّقَ بِهِۦٓ | *Kan ormi mu'minaa isaafii qur'aanallee dhugo'oomse , |
| أُو۟لَـٰٓئِكَ هُمُ ٱلْمُتَّقُونَ ﴿٣٣﴾ | 33}*Isaani,warri Rabbi sodaatu, kan Rabbitti waan qixxeessine, yookaa hin fakkeessine, |
| لَهُم مَّا يَشَآءُونَ عِندَ رَبِّهِمْ | *Isaan waan jaalatan hunda , Rabbii isaanii biraa qaban |
| ذَٰلِكَ جَزَآءُ ٱلْمُحْسِنِينَ ﴿٣٤﴾ | 34} *Sun galata warra lubbuu ifiitif toleeti. Rabbii isatti amanu'uun, nabii isaa jala deemu'uun . |
| لِيُكَفِّرَ ٱللَّهُ عَنْهُمْ أَسْوَأَ ٱلَّذِى عَمِلُوا۟ | *Wanni Rabbiin waan fedhan, isaanii kenneef,akka dilii isaan dalagan.yoo jiraatte,isaanii araaramee. |
| وَيَجْزِيَهُمْ أَجْرَهُم بِأَحْسَنِ ٱلَّذِى كَانُوا۟ يَعْمَلُونَ ﴿٣٥﴾ | 35}*Jazaa, yookaa galata waan irra gaarii isaan dalaganii isaanii kennuufi . |
| أَلَيْسَ ٱللَّهُ بِكَافٍ عَبْدَهُۥ | *Si Rabbiin kan gabricha isaa muhamm- |

adiifii {nageenyi isarratti haajiraatuu} kaanille'ee, gayuu mitii? eeyee ni gayaaf. namni Rabbii isa uume, gooftaa haqaa kana qabu, hin rakkatuu, irkoo biraa, hin barbaaduu.

| | |
|---|---|
| وَيُخَوِّفُونَكَ بِٱلَّذِينَ مِن دُونِهِۦ | *Yaa ergamaa kiyya, Muhammed ormi |

kuffaaraa waan Rabbii achitti gabbaran ,saniin sanama {taabota} yookaa nama, yookaa jinni'iin, si sodaachisan, mukni nuti ibaannu si cubbisa, si maraacha, jinniin nuti gabbarru si miiti, si ajjeefti, je'anii ..jarri waan kanaan si sodaachisu, sun, dhugumaan, jallate, Rabbumaatu jallina itti muree keessatti dhiise, isaan badii filannaan.

| | |
|---|---|
| وَمَن يُضْلِلِ ٱللَّهُ فَمَا لَهُۥ مِنْ هَادٍ ﴿٣٦﴾ | 36}*Nama Rabbiin jallise namni isa qajeelchu hin jiru |

| | |
|---|---|
| * Akkasuma nama Rabbiin qajeelche, namni isa jallisu hin jiru . | وَمَن يَهْدِ ٱللَّهُ فَمَا لَهُۥ مِن مُّضِلٍّ |
| *Si Rabbiin {waaqni} kan waa hunda injifatu, kan waa takka isa hin injifannee rnitii? eeyee jechu'u . | أَلَيْسَ ٱللَّهُ بِعَزِيزٍ |
| 37}*Si waaqni, kan nama isatti balleesse , yookaa nama ergamoota isatti balleesse, qixaaxuu mitii? kan biiluu, yookaa gadoo irraa bayuu mitii? eeyee jechu'u | ذِى ٱنتِقَامٍ ﴿٣٧﴾ |
| *Yoo warra taabota,mukha,gabbaru, kan nama akka isaatin Rabbi.yookaa ilma Rabbiiti je'u, gaafatte | وَلَئِن سَأَلْتَهُم |
| *Eenyu namni sarni'iifii, dachii uume, jettee gaafatte, | مَّنْ خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ |
| *Wanni je'anii sii deebisan: Rabbi, yookaa waaqa, tokkicha. namaa mitii jinni'ii mitii. mukaa mitii, waan nuti gabbaruu mitii, siin je'an. | لَيَقُولُنَّ ٱللَّهُ |
| *Wanni jettuun : | قُلْ |
| *Mee waan Rabbii achitti gabbartan kanarraa, naa odeessaa? | أَفَرَءَيْتُم مَّا تَدْعُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ |
| *Yoo waaqni waa hunda uume sun, dararaa, yookaa waan hamtuu, natti buuse. Yookaa naan fedhe. | إِنْ أَرَادَنِىَ ٱللَّهُ بِضُرٍّ |
| *Dhagaan ,mukhni wanni isin gabbartan sun,balaa waaqaa san,narraa deemsiftee? Na furtii? hin furtu jechu'. | هَلْ هُنَّ كَٰشِفَٰتُ ضُرِّهِۦٓ |
| *Takkaa yoo {waaqni} samiii dachii | أَوْ أَرَادَنِى بِرَحْمَةٍ |

uumee, waan gaarii naa kenne,rahgmata naa godhee,qilleensa naa kennee, halkanii guyyyaa naa kennee, nyaataa dhugaatii, naa ken nee, fayyaa, horii ,harkaa miila, ijaa, gurra ammallee waan biraa naa kennee na qanannsee,

| | |
|---|---|
| *Wanni isin waaqaa.yookaa Rabbii achitti gabbartan sun rahgmata Rabbii narraa qabdii ? hin qabdu jechuu . | هَلْ هُنَّ مُمْسِكَٰتُ رَحْمَتِهِۦ |
| *Kan naaf gayu,Rabbii dachiidhaafii, samii uume , an isattin irkadha . | قُلْ حَسْبِىَ ٱللَّهُ |

| | |
|---|---|
| 38}*Warri waan itti irkatu barbaadu hundi isumatti irkataa.isuma abdataa an gara ,nama Rabbii kiyya,hin tayinii, hin miladhu.jiiin . | عَلَيۡهِ يَتَوَكَّلُ ٱلۡمُتَوَكِّلُونَ ٣٨ |
| * Ammas wanni ummata kee , warra sitti amanuu dideen jettu . | قُلۡ |
| *Yaa ummata kiyya isin haaluma irratti jirtanitti , dalagaa,teessan, oofaa. | يَٰقَوۡمِ ٱعۡمَلُواْ عَلَىٰ مَكَانَتِكُمۡ |
| * Anis haaluman irratti jiruttan dalagaa tiyya oofaa | إِنِّي عَٰمِلٞۖ |
| 39} *Duuba beekhu'uuf jiraattan. | فَسَوۡفَ تَعۡلَمُونَ ٣٩ |
| *Nama addunyaa tanarratti, azaabni isa xiqqeessu itti dhufu . | مَن يَأۡتِيهِ عَذَابٞ يُخۡزِيهِ |
| **40}***Ammallee nama azaabni zalaalami`ii | وَيَحِلُّ عَلَيۡهِ عَذَابٞ مُّقِيمٌ ٤٠ |

guyyaa qiyaama'aa itti bu'u, yookaa muramu, beekhu'uuf teessanii. duuba kuffaara san Rabbiin guyyaa lola badrii, balaa itti buusee, kan ajjeefame, ajjeefamee, kan boojiyarne boojiyarnee, xiqqaatan. aakhira'atti azaabni zalaalarni'ii isaan eeggata .

| | |
|---|---|
| *Yaa ergamaa kiyya, nuti qur'aana namaan qajeelchu'uuf jecha, sirratti buufnee jirra | إِنَّآ أَنزَلۡنَا عَلَيۡكَ ٱلۡكِتَٰبَ لِلنَّاسِ |
| *Haqaan dhuga'aan . | بِٱلۡحَقِّۖ |
| *Duuba namni qur'aana kanaan qajeele | فَمَنِ ٱهۡتَدَىٰ |
| *Lubbuma ifiitif qajeele. | فَلِنَفۡسِهِۦۖ |
| * Ammoo namni qur'aana kana, qeebaluu didee jallate, | وَمَن ضَلَّ |
| *Lubbuma ifitti jallate, waan qixaaxni isa mudatuuf . | فَإِنَّمَا يَضِلُّ عَلَيۡهَاۖ |
| 41}*Ati iimaana dirqi'iin qalbii isaanii | وَمَآ أَنتَ عَلَيۡهِم بِوَكِيلٍ ٤١ |

seensisu'utti wakiilaa miti.wabi'ii miti .wanni sirrajiru. iirnaanatti, qajeello'otti, nama yaamu'u malee,qajeelloo isaan keessatti uumu'uu miti . kan san harkaa qabu, Rabbii.

| | |
|---|---|
| *Rabbiin nabsee, hoggaa, yaro isiiti addunya'arra jiraatu'uuf ,godhamteef dhumte, nama keessaa fuudha. | ٱللَّهُ يَتَوَفَّى ٱلۡأَنفُسَ حِينَ مَوۡتِهَا |

وَٱلَّتِي لَمۡ تَمُتۡ
*Akkasuma lubbuu yaroon isi'ii hin dhuminillee, Rabbiin nama keessaa fuudha .

فِي مَنَامِهَاۖ
*Hoggaa isiin raftu Rabbiin , lubbuu nama umriin isaa dhumtee, keessafii gubball e'een, keessaa fuudhaa tanaaf cal'ifti. hanga if quba hin qabne takkatti. hanga hin sossoone takkatti. Akkasuma Rabbiin, lubbuu nama umriin isaa hin dhuminii, keessaa fuu dha. haa tayuu gubba'aan fuudha, hanga if quba qabaatun dhabamtutti. ammoo keessan keessaa hin fuudhu. Tanaaf sossoo'iinsaafii, hafuurri, jiruun, hafti.

فَيُمۡسِكُ ٱلَّتِي قَضَىٰ عَلَيۡهَا ٱلۡمَوۡتَ
*Duuba Rabbiin lubbuu lalamaanirraa tan urnriin dhumte if biratti qabaa qaamattin deebitu, hanga guyyaa qiyaama'atti, yookaa qabri'itti .

وَيُرۡسِلُ ٱلۡأُخۡرَىٰٓ
* Ammoo ta umriin isi'ii hin dhurnin, gad lakkisaa qaamatti deebitee .namichi if quba qabaata. ni dammaqa.

إِلَىٰٓ أَجَلٖ مُّسَمًّىۚ
*Hanga waytiin,yaroo isiin duutu geessutti, akkanumatti Rabbiin keessaa fuudhee, itti deebisa. Nabseen Rabbiin hogaa rafan nama keessa fuudhu, nabsee, yookaa lubbuu beekkomsaati. ammoo ta hoggaa rafan nama keessatti haftu lubbuu jiruuuti

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ
*Waan dubbanni san keessa

لَأٓيَٰتٖ
* Gorsaatu, raga' aatu j ira.

لِّقَوۡمٖ يَتَفَكَّرُونَ ٤٢
42}*Warra dubbii gad qabee laalee aylifatuuf, isaan akka Rabbiin hoggaa rafan,lubbuu namaa fuudhee deebisu akka guyyaa qiyaarnaaa Rabbiin lubbuu akka duritti namatti deeb isuu dandeyu ,ni beekhan,haa tayuu kuffaarri san hin beekhu. waan dubbii qad qabanii hin laallef.

أَمِ ٱتَّخَذُواْ مِن دُونِ ٱللَّهِ شُفَعَآءَۚ
*Si inumaa ormi kuffaaraa Rabbii achitti.asgnaamni nu shafaaa yaadanii ? Rabbirraa,araara nuu barbaadaa yaadanii ?

قُلۡ
*Akki isaanin jettu .

أَوَلَوۡ كَانُواْ لَا يَمۡلِكُونَ شَيۡـٔٗا
*Si odoo sanamni taabonni kan waa takka shafaaaadhafii ,waan biraa ,kan harkaan qabnellee tayee nu shafaanii nurna yaaddanii ? ji'iin

| | |
|---|---|
| 43} *Odoo asnaamni taabonni kan isin isa ibaaduu hin beyne ammallee waan biraa,kan hin beynellee tayee ,Rabbi biratti nu shafaa , jettanii ? isin hin shafau jiiin . | وَلَا يَعۡقِلُونَ ٤٣ |
| *Shafaa'an hundi ta Rabbiitii, nama Rabbiin waa shafai jeeen malee, namni nama shafa'u hin jiru jiiin , | قُل لِّلَّهِ ٱلشَّفَٰعَةُ جَمِيعٗاۖ |
| *Rabbiin isa sami`ii dachii uumee qabu | لَّهُۥ مُلۡكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۖ |
| **44}** *Hundi keessan eega duutanii gara isaati deebitan duuba isin gaafata . | ثُمَّ إِلَيۡهِ تُرۡجَعُونَ ٤٤ |
| *Hoggaa kuffaara diratti Rabbiin tokkichi dubbatame { Rabbi malee Rabbiin, biraa hin jiru.hoggaa jeame } . | وَإِذَا ذُكِرَ ٱللَّهُ وَحۡدَهُ |
| *Ni dhoysiti.ni qabamti walitti butamte, jebbansa keessa . ni balfiti, | ٱشۡمَأَزَّتۡ |
| *Qalbiin warra aakhiraatti hin amannee. | قُلُوبُ ٱلَّذِينَ لَا يُؤۡمِنُونَ بِٱلۡأٓخِرَةِۖ |
| *Ammoo hoggaa wanni isaan Rabbii achitti gabbaran dubbatamte. Hoggaa sanama taabota maqaan dhawame . | وَإِذَا ذُكِرَ ٱلَّذِينَ مِن دُونِهِۦٓ |
| 45}*Ormi kuffaaraa ni gammada aayanni tun, nama teessuma zikri'ii , hifatee ,teessuma taphaatii mirqaanu , ni tuyxi . | إِذَا هُمۡ يَسۡتَبۡشِرُونَ ٤٥ |
| *Akki jettu. yookaa je'i : | قُلِ |
| *Yaa Rabbi, yaa kan sami'iifii dachii uumee qabu. kan wahirratti hin laallatin | ٱللَّهُمَّ فَاطِرَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ |
| *Yaa kan waan namarraa fogo'oo beekhu. | عَٰلِمَ ٱلۡغَيۡبِ |
| *Yaa kan waan namatti dhiyo'oo beekhu. | وَٱلشَّهَٰدَةِ |
| *Ati gabroottan kee jiddu'utti, firdii gootaa. | أَنتَ تَحۡكُمُ بَيۡنَ عِبَادِكَ |
| 46} *Waan isaan irratti wal dhaban ke- | فِي مَا كَانُواْ فِيهِ يَخۡتَلِفُونَ ٤٦ |

essatti duuba waan amanti'irratti wal dhabanii .siitu haqaafii,kaan adda baasafii, waan isaan itti wal didan keessatti haqatti na qajeelchi. Si malee namni karaa haqaa nama qajeelchu hin jiruu.

| | |
|---|---|
| *Warri Rabbitti kafare,odoo wanni dachi'irra jiru hundi ,kan isaanii tayee, | وَلَوْ أَنَّ لِلَّذِينَ ظَلَمُوا۟ مَا فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا |
| *Ammas hangas takka saniin wajji qabaatanii, | وَمِثْلَهُۥ مَعَهُۥ |
| *Silaa kennaniiti. ifbitan . | لَٱفْتَدَوْا۟ بِهِۦ |
| * Azaaba hama'arraa | مِن سُوٓءِ ٱلْعَذَابِ |
| *Guyyaa qiyaama'aa . | يَوْمَ ٱلْقِيَـٰمَةِ |
| 47}*Azaaba Rabbirraa,wanni isaan garraa hin herregin,isaanii mul'ate. | وَبَدَا لَهُم مِّنَ ٱللَّهِ مَا لَمْ يَكُونُوا۟ يَحْتَسِبُونَ ﴿٤٧﴾ |
| *Dalagaan hamtuun isaan dalagan isaanii mul'atte takka kufri'ii,takka owliyaa, Rabbii miidhu'uu. Hoggaa wanni isaan dalagan hundi katabamtee irraa fidamte, | وَبَدَا لَهُمْ سَيِّـَٔاتُ مَا كَسَبُوا۟ |
| **48}***Azaabni isaan addunya'arratti hin jiru jeanii kijibsiisuu turan isaanitti bu'e isaanitti marsee gara itti jalaa bayan hin qaban. | وَحَاقَ بِهِم مَّا كَانُوا۟ بِهِۦ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿٤٨﴾ |
| *Ilma namaa tokko.yoo dararaan tuyxe, | فَإِذَا مَسَّ ٱلْإِنسَـٰنَ ضُرٌّ |
| *nutti iyyata. | دَعَانَا |
| *Duuba hoggaa dararaa san irraa deemsifnee, nikgmaa, qananii kennineef, | ثُمَّ إِذَا خَوَّلْنَـٰهُ نِعْمَةً مِّنَّا |
| *Wanni inni je'u: wanni Rabbiin qananii tana naa kenneef anaatu haqa godhataa beekheti takkaa beekkomsa kiyyaanin argadhe je'a. Rabbiin akki je'e : | قَالَ إِنَّمَآ أُوتِيتُهُۥ عَلَىٰ عِلْمٍۭ |
| *Dubbiin waa akka inni je'ee mitii qananii isaa kennuun isa mokkoru'uufi, galata nuu galchamoo hin galchuu Iaalu'uufi , | بَلْ هِىَ فِتْنَةٌ |
| 49} *Haa tayuu qananii namaa kennuun mokkorriii leenjisaa, irra hedduun namaa hin beekhanii tanaaf hoggaa Rabbiin itti bal'ise qooqan, badan. | وَلَـٰكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٤٩﴾ |
| *Hoggaa qananii namaa kennine, beekkomsa kiyyaanin argadhe , Rabbiin na | قَدْ قَالَهَا ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ |

jaalataa naa kenne jechuu, namni ammaa je'u kana, warri isaan duraa, kan qananii, isaanii kennine, je'ee jira. kan akka {Qaaruun} kan ummata muusa'arraa taye. kan horii gud daa isaa kenninaan baakkomsa kiyyaanin argadhe je'ee, haqa yookaa zakaa irraa baasuu didee, namattiin boone, inni warra misraatii.

فَمَآ أَغۡنَىٰ عَنۡهُم مَّا كَانُواْ يَكۡسِبُونَ ٥٠

50}*Duba horiin isaan walitti qaban isaan hin fayyannee .

فَأَصَابَهُمۡ سَيِّـَٔاتُ مَا كَسَبُواْۚ

*Gaddaafan takkaa jazaan ,balleessaa isaanii isaan qabdee badan, dachiin liqimsitee.

وَٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ مِنۡ هَٰٓؤُلَآءِ

*Warra amma jirurraayis, namni akkasitti Rabbitti kafare yookaa balleesse kan akka kuffaara qureyshi'ii .

سَيُصِيبُهُمۡ سَيِّـَٔاتُ مَا كَسَبُواْ

*Balaan balleessaa isaan dalaganii isaan tuqu'uu teessi.

وَمَا هُم بِمُعۡجِزِينَ ٥١

51}*Isaan qixaaxa keenyajalaa hin bayan duuba Rabbiin kuffaara qureyshi'ii kan akkasitti qooqetti balaa beelaa, amata torba buusee, eega nabiin hijraa keessaa bayee, eegasii ir-raa deemsisee, quubse. akka gorfamaniif haa tayuu isaan hin gorfamne

أَوَلَمۡ يَعۡلَمُوٓاْ

*Si warri hoggaa waa argate beekkomsa kiyyaanin argadhe je'u hin beynee.

أَنَّ ٱللَّهَ يَبۡسُطُ ٱلرِّزۡقَ لِمَن يَشَآءُ

*Akka Rabbiin nama fedheefrizqii bal'isu? odoo heelaa hori'iin argatu beekhullee baatee,odoo aylillee dhabee, odoo kaafirallee taye.isa mokkoru'uuf galata waan isaa kennee galcheeti itti amanamoo, hin galchuu laalu'uujecha, kennuuf hin beynee?

وَيَقۡدِرُۚ

* Ammallee akka Rabbiin nama fedhetti dhiphsu, hin beekhanii? akka obsuufii, kaan laalu'uu jecha. Odoo humna wahiin argatu, aylii wahiin butatu, qabaatelleedhaa. Tanaaf jecha : rizqiin harka Rabbiiti jirti. kenna'aafii, dhowwotuun, nama mokkoru'u. rizqii bal'isu'uufii, rakkisuun waan Rabbiin nama jaalatu'uufii, jibbuu, beysisuu mitii, waan Rabbiin waan malu dalaguu beysisu. Maalif Rabbiin nama garii itti dhiphisuun.ni miidha jechaa beekha, nama garii itti rakki suun ni miidha jechaa beekha

إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَٰتٖ

*Waan dubbanne san keessa gorsaatu ,raga tokkummaa Rabbiitifii dandeytii isaa, beekkomsa isaatitu jira.

لِّقَوۡمٖ يُؤۡمِنُونَ ٥٢

52}*Warra aayata Rabbii dhugooornsu

kan aylii qabuuf. isaantu aayata Rabbirraa bu'aa argataa. isaantu, bal'inni rizqi'ii, hogiin jallinatti nama harkisuun ni mala. hogiin rizqii namatti rakkisuun kheyri'itti nama harkisuun ni malaa beekhaa.

۞ قُلْ

*Yaa ergamaa kiyya gabroottan kiyyaan akki jettu

يَـٰعِبَادِىَ ٱلَّذِينَ أَسْرَفُوا۟ عَلَىٰٓ أَنفُسِهِمْ

*Yaa gabroottan kiyya, yaa warra dilii dalagee ifirra dabarse. {asrafuu} jechuun : {wasana yookaa likkii dabarsan} jechu'uu .gosa dili'ii hedduu dalaganii,

لَا تَقْنَطُوا۟ مِن رَّحْمَةِ ٱللَّهِ ۚ

*Rahgmata Rabbirraa garaa hin muratinaa,dilii hedduu daleynee, Rabbiin nuun araaramu jattanii, gara Rabbii deebi'uu hin dhiisinaa.

إِنَّ ٱللَّهَ يَغْفِرُ ٱلذُّنُوبَ جَمِيعًا ۚ

*Rabbiin keessan , nama iimaana qabuuf takkaa amaneef, dilii hunda dhiisaa. ni araaramaafii irraa haqeeti akka waan takkaa dilii hin dalaginii godhaa. gara Rabbii keessanii dheysaa,

إِنَّهُۥ هُوَ ٱلْغَفُورُ

*Isa kan dilii namaa araaramu'uun, yaamamee.

ٱلرَّحِيمُ ﴿٥٣﴾

53} *Kan rahgmata namaa godhuudhan beekkamee.

وَأَنِيبُوٓا۟ إِلَىٰ رَبِّكُمْ

*Gara Rabbii keessanii deebi'aa. Dilii dhiisaa.

وَأَسْلِمُوا۟ لَهُۥ

*Dalagaa teessan Rabbiif qulqulleessaa isumaa jecha waan dalaydan dalagaa. Nama garsiifatu'uufii mitii. Isi 'iin boonu'uufii mitii, niyyaa gaari'iin, yaada tola'aan, dalagaa garii hu ndaatti daddafaa

مِن قَبْلِ أَن يَأْتِيَكُمُ ٱلْعَذَابُ

*Odoo azaabni isinittin dhufne. Yoo amanuu yookaa gara Rabbii deebi'uu baattan.

ثُمَّ لَا تُنصَرُونَ ﴿٥٤﴾

**54}** *Yoo isinii hin amanin yookaa hin towbatin isinitti dhufe eega inni dhufee , nama isinii tumsee azaaba Rabbii isinirraa deebisu yookaa azaaba Rabbirraa isin dhoowwu hin argattan.

وَٱتَّبِعُوٓا۟ أَحْسَنَ مَآ أُنزِلَ إِلَيْكُم مِّن رَّبِّكُم

*Yaa ilmaan aadam, irra gaarii waan rabbii keessanirraa isinitti bu'ee.Irra caa-

laa nabiyyootarratti irra caalan nabiyyootaa nabi muhammadii irra caalan waan Rabbirraa namaaf bu'ee gur'aana, ajajni kun, kan nama dur dabreefii kan nama ammaa jiru kan dhufaa jiru, hunda gabatu. Tanaaf Rabbiin anbiyootafii, ummata isaanii hundaan: yoo nabi Muhammad dhaggabdan, itti amanaa je'ee. baallama seensise. silaa odoo dhaggabanii, hundi itti amana. Tanaaf jecha warri ummata durirraa hafee jiru, anbiyoota tayuu, kan akka kgiisa'aa {ilyaas},nama anbiyyoota hin tayin tayuu, kan akka {khadir} nabi rnuham mad jala deemanii qur'aanatti dalagu'utti ajajaman. akkasuma, irra gaa rii waan nuu buufamee jala deemun : waan qur'aanni itti nu ajaje dalay nee waan inni irraa nu dhoowwerraa dhoowwamu' .milkiin addunya'aa, aakhira'aa qur'aanatti dalaguu keessa jirtii. tanaaf Rabbiin irra gaarii waan Rabbirraa isinii bu'ee, jala deemaa itti dalagaa, akka irra gaarii waan jaalattanii argattan . je'e.

مِّن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَكُمُ ٱلۡعَذَابُ

*Odoo azaabni takkaa balaan isinittin dhufue.

بَغۡتَةٗ

*Dingatatte hatattamatti,

وَأَنتُمۡ لَا تَشۡعُرُونَ ٥٥

55}*Isinii ifirraa quban qabne.isinii waytii inni dhufu hin beyne, tanaaf jecha dalaga'atti daddafaa .

أَن تَقُولَ نَفۡسٞ يَٰحَسۡرَتَىٰ

*Odoo waytiin dabartee, azaabni dhufee, yaa sheenaa tiyya jettee, lubbuun, quba, ifin ciniinne .

عَلَىٰ مَا فَرَّطتُ فِي جَنۢبِ ٱللَّهِ

*Maalifan ibaadaa Rabbii godhuu oole ,takkaayuu dhi ise, jettee.

وَإِن كُنتُ لَمِنَ ٱلسَّٰخِرِينَ ٥٦

56}*An , warra diinaa Rabbii , kitaaba isaa xiqqeessu, tayu'uun ture. Jettee.

أَوۡ تَقُولَ

*Takkaa odoo lubbuun teessan hin jenne

لَوۡ أَنَّ ٱللَّهَ هَدَىٰنِي

*Odoo silaa Rabbiin ibaada'atti na qajeelchee, qajeelee .

لَكُنتُ مِنَ ٱلۡمُتَّقِينَ ٥٧

57}*Silaa warra Rabbi sodaatee,azaaba jalaa , nagaya bayuu, haqa godhaturraa taye. hin jenne .

أَوۡ تَقُولَ حِينَ تَرَى ٱلۡعَذَابَ

*Takkaa odoo hoggaa azaaba ijaan garte lubbuun hin jenne :

لَوۡ أَنَّ لِي كَرَّةٗ

*Odo'on addunya'arratti deebi'uun, naaf jiraatee.

فَأَكُونَ مِنَ ٱلْمُحْسِنِينَ ﴿٥٨﴾

58}*Silaa warra amanerraan taya hin jenne. Ibaadda'atti daddafaa.

بَلَىٰ قَدْ جَآءَتْكَ ءَايَٰتِى

*Duuba Rabbiin akki je'een: dhuga'aan qajeellon tiyya sii dhufte. Ergamoota kiyya sitti ergee, aayaata kiyya isaanirratti buusee,

فَكَذَّبْتَ بِهَا

*Duuba aayaata Rabbii kijibsiiftee.

وَٱسْتَكْبَرْتَ

*Itti amanu'urraa if guddiftee.

وَكُنتَ مِنَ ٱلْكَٰفِرِينَ ﴿٥٩﴾

59}*Warra Rabbitti kafarerraa taatee ar'a ifuma komadhu malee, nama hin komatin.

وَيَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ تَرَى ٱلَّذِينَ كَذَبُوا۟ عَلَى ٱللَّهِ

*Guyyaa qiyaama'aa, warra Rabbiin ilmoo qaba. Hiriyaa qaba je'ee kijiba Rabbirra kaaye, ni garta.

وُجُوهُهُم مُّسْوَدَّةٌ ۚ

*Isaanii fuulIi isaanii gurraachume sababaa waan hin jirre Rabbirra kaayaniif. Odoo addunya'arratti hangamuu addaatanii,

أَلَيْسَ فِى جَهَنَّمَ مَثْوًى لِّلْمُتَكَبِّرِينَ ﴿٦٠﴾

60}*Si ibidda jahannam keessa, bakkeen qubatan warra iimaanarraa if guddiseefhinjirtuu? ni jirti jechu

وَيُنَجِّى ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ٱتَّقَوْا۟

*Rabbiin warra isa sodaatee isatti amane ,ibidda jahannamirraa nagaya baasa.

بِمَفَازَتِهِمْ

*Bakka milkii,qananii, isaanii, isaan geessee sun jannataa,

لَا يَمَسُّهُمُ ٱلسُّوٓءُ

*Kan wanni hamtuun isaan hin tuyn'e.

وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿٦١﴾

**61}***Ammallee isaan hin rifatan, wanni qalbii isaan cabsu, isaanitti hin argamtu. waan, waan fedhan hunda argataniif,

ٱللَّهُ خَٰلِقُ كُلِّ شَىْءٍ ۖ

*Rabbiin kan waa hunda uumee.

وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ وَكِيلٌ ﴿٦٢﴾

62}*Isaatu waa hundatti wakiila. Yookaa wabii, isaatu waan fedhe akka fedhetti itti dalaga .

لَّهُۥ مَقَالِيدُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ ۗ

*Furaan bakka rizqiin teessuu, dachi`ii samii keessatti, bakkeen roobni yookaa mayri taa'u harka Rabbiiti jirti kan isaati. isa malee kan waan saniifii, kan birallee qabu , hin jiru .

وَٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ بِـَٔايَٰتِ ٱللَّهِ

*Warri aayaata Rabbii qur'aana moromu

أُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْخَٰسِرُونَ ﴿٦٣﴾

63} * Isaan warra gaaga'arne yookaa bade ormi kuffaaraa wanni nabi muhammadiin je'e:mee sanama keenya ,nuun wajji ,gabbari ,nutis siin wajji Rabbii kee gabbaraa jennaan ,Rabbiin aayata buusee nabi muhammadiin akki je'e:

قُلْ أَفَغَيْرَ ٱللَّهِ تَأْمُرُوٓنِّىٓ أَعْبُدُ أَيُّهَا ٱلْجَٰهِلُونَ ﴿٦٤﴾

**64}***Si waan Rabbi hin tayin ibaadu`utti na yaamtanii yookaa na ajajjanii, yaa warra waan beyne. ji'iin je'eenii waan isaan je'an dhagayuu dhabu'utti ajaje. kun waan mu'mina hundarratti jim, malif wanni Rabbiin {waaqni} nabiin akkas je'eef , nu gorsu'uufi

وَلَقَدْ أُوحِىَ إِلَيْكَ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad Rabbiin qur'aana sirratti buusee, dhaamsa sii ergee jira,

وَإِلَى ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِكَ

*Anbiyoota si duralle'eef, dhaamee jirra , dhaamsi akki je'u:

لَئِنْ أَشْرَكْتَ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, yoo bajii Rabbitti waa qindeessite, ilmoo qaba jettee,

لَيَحْبَطَنَّ عَمَلُكَ

*Dalagaan gaarin ati dalayde hindi, si duraa baddii ,

وَلَتَكُونَنَّ مِنَ ٱلْخَٰسِرِينَ ﴿٦٥﴾

65}*Aakhira'atti warra khasaaramerraa taata.

بَلِ ٱللَّهَ فَٱعْبُدْ

*Ati Rabbuma tokkicha gabbari.waa takkallee isatti hin qixxeesinii .

وَكُن مِّنَ ٱلشَّٰكِرِينَ ﴿٦٦﴾

66}*Rabbii kee, kan waa hundaan si qananiise, nabiyyii si godhee, waan kuffaarri dalagu hundarraa si qulqulleysee ,ibaadaa isaa si qunnamsiisef, galata gaIchi

وَمَا قَدَرُواْ ٱللَّهَ حَقَّ قَدۡرِهِۦ

*Ormi kuffaaraa Rabbi waan guddifne ,waan Rabbin tayin,akka Rabbitti ibaadan takkaa gabbaran,

وَٱلۡأَرۡضُ جَمِيعٗا قَبۡضَتُهُۥ يَوۡمَ ٱلۡقِيَٰمَةِ

*Kan guyyaa qiyaama'aadachiin bal'oon tun harka isaa yookaa irree isaa keessa jirtu, kan mootummaa isaa keessa jirtu .

وَٱلسَّمَٰوَٰتُ مَطۡوِيَّٰتُۢ بِيَمِينِهِۦۚ

*Kan samiin guddoon maramaramtu dandeytii isaatin walitti qabamtu. duuba Rabbii humna akkanaa qabu, mukaafii, dhaga'atti qixxeessanii, isaan Rabbi hin beyne. Ammo mu'minni, Rabbii isaa ni beekha, Rabbi beekkun; inni waan guutuu taye hundaan, wassafamaa waan ir'uu taye hundarraa qulqullu'uu yaadu'. Wanni takka waaqa hin fakkaattuu ,waaqni waa takkan fakkaatuu yaaduu,

سُبۡحَٰنَهُۥ وَتَعَٰلَىٰ عَمَّا يُشۡرِكُونَ ٦٧

67}*Rabbiin,waan kuffaarri itti qindeessurraa yookaa itti fakkeessurraa qulqullaaye.

وَنُفِخَ فِي ٱلصُّورِ

*Garriin lammeysa' aa hoggaa afuufamte

فَصَعِقَ مَن فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَن فِي ٱلۡأَرۡضِ إِلَّا مَن شَآءَ ٱللَّهُۖ

*Wanni dachiidhafii samii keessa jiru hundi, ni dhumti waan Rabbiin dhumuu dhabuu fedhe malee, kan akka {hguurulkgaynii } jibriilii .miikaaiilii, isaafiiflii, izraaiil jarri afran, eega nam ni , hundi dhumee, dhuman. kan booda duu Jibriili. dura israafiilifii, miikaa`iiliitu dua.izraaiiliitu lubbuu isaanii fuudha eegasii Rabbiin izraaiilin du' i jeaa ,eegasii jibriilin dui jeaa ni duaa.Rabbii tokkicha malee wanni hundi ni dhumti waan Rabbiin irraa fooye malee. Garrii lammeeysa "aa tana dura, garrii duraatu jira isiin ta dachii sossooftu ta gaara deemsiftu ta aduu martu. tan urjii harcaaftu, ta bahara bobeessitu. odoo namni jiruu, tan isiin ulfaa ulfa darbitee. isiin hoosiftu ilmoo dagattu. ammoo garrii lamrneysaaatin namni dudda dachiirra jiru ni dhuma, am moo warri qabrii keessa jiru kan akka anbiyootaa shuhadaaotaa. ni gaggaban nabi muusaa malee. waan addunyaarratti, gaafa Rabbiin dubbise, gaggabeef jecha

ثُمَّ نُفِخَ فِيهِ أُخۡرَىٰ

*Eegasii garriin.sadeessa' aa ni afuufamti eega bara afurtamaatii. tun afuufamnaan, duumessi tokko arshii jalaa kaeeti roobaa, duuba lafee xiqqoo ijji namaa ifdirqitu malee, arguu hin dandeenyerraa, qaamni namaa mayra. Hanga guutamutti, ammo hoggaa guutame, ruuhgin itti afuufamti yoo warra duraan biyyeen, nyaa-

ttee qaamni dhabame taye. tanaaf jecha warri akka anbiyaaa faan mayru'utti hin haajamu. duuba hoggaa qaamni guutame lubbuun itti eebite qabriin irraa baqayxii, gara dirree qiyaamaaa deemaa jechaaatu itti lallabamaa

فَإِذَا هُمْ قِيَامٌ يَنظُرُونَ ﴿٦٨﴾

68}*Duuba namuu, wanni Rabbiin uume marti, yaaaniiti, dirree qiyaama'aa dhabbatanii waan Rabbiin isaan godhu eegan.

وَأَشْرَقَتِ ٱلْأَرْضُ بِنُورِ رَبِّهَا

*Dachiin haaroyni namni Irra dhaabbatu nuura Rabbii isiiitin ifte,hoggaa hijaabni irraa fuudhamee khalqiin Rabbii isaanii argu akkanaafii akkanaan maleetti. nuurri yookaa ifaan dirree, dachii,qiyaamaaa ibsu,ifaa adu'uutii mitii ifaa Rabbiin gaafas uumu . san warra Rabbi arguutu argaa. isaan warra Rabbitti amanee,

وَوُضِعَ ٱلْكِتَٰبُ

* Gaafas kitaabni, wanni namni hanga addunyaarra jiru dalage, keessatti katabamte, fidameeti, achi kaayama.
Doosen nama hundaa itti banamti gaafatu'uu jecha.

وَجِاْىٓءَ بِٱلنَّبِيِّـۧنَ

*Nabiyyoota hunda ni fidan,

وَٱلشُّهَدَآءِ

*Warra ragaa tayus, isaan nabi muhammadiifii ummata isaatii, kan anbiyootaa ragaa bayan akka isaan waan Rabbiin isaanin erge ummatatti geessan. maalif kuffaarri, hoggaa Rabbiin ergamoonni kiyya diinaa kiyya, isinitti hin finnee, je'een, lakkii je'an, hoggaa san anbiyoota fidanii, ittin geessinee je'anii gaafatan, duuba eeyee itti geessine je'an. Ragaan keessan akka isin itti geessitan eenyu je'eeti, Rabbiin odoo beekhuu anbiyootagaafata duuba ragaan keenya ummata muhammadi je'an. duuba akkasitti raga bayaniif. hoggaa isaan ragaa bayan, Rabbiin waan isin dura dabre, akkamitti beytanii anbiyootaf ragaa baatan je'aan, duuba wanni je'aniin, yaa Rabbi ergamaa kee muhammad nutti ergiteeti, kitaaba qur'a anaa irratti buuftee, isa keessatti akka anbiyoonni , waan ati ergiteen, ummataan gayan, nuu odeessitee, ati dhugaa dubbataa akkasitti beyne je'aniin hoggaa san nabi muhammad dhufee Rabbiin ummata isarraa isa gaafata. odoo baakkuu dar ajaa ummata isaa mul'isu'uuf. Ummanni kee waan je'an keessatti warra dhugaa dubbatuu je'ee, duuba nabi muhammad ummata isaatif,akka isa an dhuga'aan anbiyootaf raga bayan ,akka isaan warra dhugaa dubbatu tayan, ragaa baya.

وَقُضِيَ بَيْنَهُم بِٱلْحَقِّ *Duuba akkasitti , haqaan , firdiin,waan Rabbiin uume hunda jiddu'utti godhamti.

وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿٦٩﴾ 69} *Kan isaan waa takka hin godda'amne, hayn'i duraa ir'atu'uun, cubbuun

وَوُفِّيَتْ كُلُّ نَفْسٍ مَّا عَمِلَتْ *Lubbuun hundi jazaa waan dalaydeeti argatti.kheyrii taatu,sawaaba. Sharrii taatu, qixaaxa,

وَهُوَ أَعْلَمُ بِمَا يَفْعَلُونَ ﴿٧٠﴾ 70} ·Rabbiin waan namni hundi dalagu

ni beekha.hanga isi'ii,bakka isi'ii,yaroo isi'ii,akkaataa isi'ii, isaatu uumee silaa akkamiin wallaala. tanaafjecha, raga'atti hin haajamu, waan nam ni dalage beeku'uuf. haa tayuu ,wanni Rabbiin raga walirratti baasuf hikma'aafi. Sanirraa,namicha dalage, waan inni dalage san isa beysisee fudhachiisu'. Eega namni akka isaa, takkaa humniti isaa, waan inni dala gu argee. takkaa gartee, kan diduu hin dandeenye.

وَسِيقَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوٓاْ إِلَىٰ جَهَنَّمَ *Warri Rabbitti kafare,eega firdiin itti godhamtee, gara azaaba jahannam, dirqi'iin oofaman,

زُمَرًا *Tuuta tuutan,

حَتَّىٰٓ إِذَا جَآءُوهَا *Duuba hoggaa jahannam bira gayan .dirqi'iin oofaman

فُتِحَتْ أَبْوَٰبُهَا *Hulaan balbalti}jahannam daddafteeti

banamti , torbanuu sun, hguxamaa , jahannam, lazaa sakgiir , saqar haawiyaa , jahgiin torbanuu banamteeti namuu ta haqa godhatu seena

وَقَالَ لَهُمْ خَزَنَتُهَآ *Duuba warri ibidda eegu, wanni isaanin je'u;

أَلَمْ يَأْتِكُمْ رُسُلٌ مِّنكُمْ *Si ergamoonni keessan,kan Rabbiin isinumarraa, isinitti erge, isinitti hin dhufnee?

يَتْلُونَ عَلَيْكُمْ ءَايَٰتِ رَبِّكُمْ *Kanneen kitaaba Rabbiin isaanirratti buuse, kan akka qur'aanaafaa isirratti qara'an

وَيُنذِرُونَكُمْ *Kanneen isin sodaachisan ,

لِقَآءَ يَوْمِكُمْ هَٰذَا *Balaa,yookaa azaaba, guyyaa kana keessa agartan.yoo amanuu baattan jarri akkanaa, isinitti hin dhufnee?,

| | |
|---|---|
| قَالُواْ بَلَىٰ | *Dhuga'aa nutti dhufan. Karaa Rabbitti nu yaaman. |
| وَلَٰكِنۡ حَقَّتۡ كَلِمَةُ ٱلۡعَذَابِ عَلَى ٱلۡكَٰفِرِينَ ٧١ | **71}***Haa tayuu jechi azaabaa kan rabb- |

iin namaafii jinni'iinan ibidda guuta je'ee muree dabarse, kaafiratti jigee , itti ragga'ee, tanaaf dubbii ergarnootaa dha-gayuu oollee, kafarree, dhiyana ibiddaa taane. je'anii ragaa ifitti bayan .

| | |
|---|---|
| قِيلَ ٱدۡخُلُوٓاْ أَبۡوَٰبَ جَهَنَّمَ | *Hoggaa san itti lallabamee, hula jahannam, hundaan seenaa, gubadhaa, |
| خَٰلِدِينَ فِيهَاۖ | *Isinii zalaalamii keessa taa'u, kan hin duune. kan irraa hin baane, isaanin je'arna, |
| فَبِئۡسَ مَثۡوَى ٱلۡمُتَكَبِّرِينَ ٧٢ | 72}*Duuba rnanni warra iimaanarraa if guddisee,waa hama'aa sun jahannamii. |
| وَسِيقَ ٱلَّذِينَ ٱتَّقَوۡاْ رَبَّهُمۡ | *Ammoo warri Rabbii isaanii sodaatee itti amane,Rabbii isaanii dhugooomse ni oofaman. suuta, xixu'uun male'etti |
| إِلَى ٱلۡجَنَّةِ | *Gara jannataa gara mana qanani'ii, |
| زُمَرًاۖ | *Tuuta tuutan . |
| حَتَّىٰٓ إِذَا جَآءُوهَا | *Duuba hoggaajannata bira gayan, |
| وَفُتِحَتۡ أَبۡوَٰبُهَا | * Jannata hulaan saddeettanuu banamte . kan balbala janatarra dhaabbatee warri jannataa isaan eegu isaan guddisu'uu jecha, |
| وَقَالَ لَهُمۡ خَزَنَتُهَا | *Kan warri jannata eegu ,isaanin je'u: |
| سَلَٰمٌ عَلَيۡكُمۡ | *Nageenyi Rabbii isinirratti haa jiraatuu. |
| طِبۡتُمۡ | *Toltanii waaqayyuun isiniiftolee. |
| فَٱدۡخُلُوهَا | * Jannata kana seena'aa qanani'aa. |
| خَٰلِدِينَ ٧٣ | 73}*Isinii alaalamii, qananii tana keessa jiraatu duuba hoggaa akkasitti seenan, milkooynee beekkaniiti gammadanii qanani'anii |

وَقَالُواْ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ ٱلَّذِي صَدَقَنَا وَعۡدَهُۥ

*Wanni je'an: galanni kan rabbi ballama nuu guuteti jannata nuu kennee ballama isaa nuu dhugo'oomse

وَأَوۡرَثَنَا ٱلۡأَرۡضَ

*Kan dachii jannataa nu dhaa1chise yookaa nuu handhureesse,

نَتَبَوَّأُ مِنَ ٱلۡجَنَّةِ حَيۡثُ نَشَآءُۖ

*Kan jannatarraa bakka feene qubannu je'an,

فَنِعۡمَ أَجۡرُ ٱلۡعَٰمِلِينَ ٧٤

74} *Galanni warra amanee, waan gaarii dalagatee,waa tolee.sun jannataa .

وَتَرَى ٱلۡمَلَٰٓئِكَةَ حَآفِّينَ مِنۡ حَوۡلِ ٱلۡعَرۡشِ

*Malaaykaa kgarshi'iin naanaannoytee gama hundaan itti marsitee dhaabbattu garta.yaa ergamaa kiyya muhammad .

يُسَبِّحُونَ بِحَمۡدِ رَبِّهِمۡۖ

*Isaan tasbiihga godhaniiti Rabbii isaanii faarsan, {subhgaanallaahi wa bihgamdihii } je'anii .

وَقُضِيَ بَيۡنَهُم بِٱلۡحَقِّ

*Khalqii, yookaa waan rabbiin uume jiddu'utti, firdiin yookaa murtiin godhamtee,warri jannataa,warri Rabbitti amane jannata seenee, warri azaabaa, warri Rabbitti kafare, ibidda seenee.

وَقِيلَ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ رَبِّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٧٥

75} *Malaaykan, ammallee wanni biralleen, galanni kan Rabbii waa hunda uumeti jetti, faarun jalqabaafii dhumattillee, ta waaqati jetti .